# Farri Vaayirasii Afaaniin fudhataman maali?

## Kiniiniiwwan namni COVID-19 dhan qabame tokko akka itti fooyya'uu gargaaran.

Yoo isin bal'aa COVID-19 hammaataa irra kan jirtan taatanii fi guyyoota darban 5 keessatti COVID-19 dhan qabamuun keessan qorannoodhan beekame, kiniiniiwwan farra vaayirasii afaanin fudhataman kan ogeessa fayyaatin ajajaman fudhachuu ilaalcha keessa galchuu barbaaduu maltu. Waldhaansonni lama ni argamu: Paxlovid™ (Pfizer) fi legevirio (Merck). Umurii, seeenaa fayyaa keessanii fi mallattoolee yeroo hammamiif akka qabaattan irratti hunda'uun waldhaansota COVID-19 kanneen keessa tokkoof ulaagaa guutuu maltu.

Waldhaansi farra vaayirasii afaanin fudhatamuu vaayirasiin SARS-CoV-2 (Vaayirasii COVID-19 fidu) qaamaa keessan keessatti akka hin baay'anne dhaabun, hamma vaayirasii qaama keessan keessaa hir'isuun ykn sirna dandeettii dhibee ittisuu keessan gargaarun qaamni keessan COVID-19 dhan akka lolu gargaara. Waldhaansa argachuun, mallattoolee baay'ee hammaataa hin taane qabaachuu dandeessu, akkasumas carraawwan dhibeen keessan hammaachuf qabuu f mana yaalaa keessatti kunuunsa argachuuf barbaachisan hir'isuu mala.

---

### • FARRA VAAYIRASII AFAANIN FUDHATAMU AKKAMITTAN FUDHADHA?

Waldhaansa farra vaayirasii afaanin fudhatamu argachuun kiniiniwwan ni fudhattu jechuudha. Waldhaansa farra vaayirasii afaanin fudhatamu akkaataa ogeessa fayyaa keessaniin ajajameen fudhachuu qabdu. Dooziiwwan irra hin utaalinaa ykn Yoo doozin isin jala darbe dooziiwwan dabalataa hin fudhatinaa. Waldhaansota hunda hamma xumurtaniitti ykn hamma ogeessi fayyaa keessan akka dhaabdan isinitti himutti akkaataa ajajameen fudhachuu qabdu. Farreen vaayirasii afaanin fudhataman nyaata wajjiin ykn malee fudhatamuu danda'u, akkasumas kiniiniwwan guutumaan guututti kan liqimsaman, osoo hin cabsin ykn hin hurreessin, akka ta'an ni gorfama.

### • RAKKOO FAYYAA YEROO DHEERAF TURU KAN DHIBEE HAMMAATAF NA SAAXILUU DANDA'AN KAN AKKA RAKKOOWWAN KALEE YKN TIRUU YOO QABAADHE HOO MAALTU TA'A?

Qoricha kamiyyuu fudhachuun dura, ogeessa fayyaa keessan waa'ee seenaa fayyaa keessanii mari'achuu qabdu. Kunis waa'ee rakkoowwan fayyaa kanaan dura dursitanii qabdanii fi qorichoota ogeessan isiniif ajajaman, qorichoota ajaja ogeessa fayyaa malee bitamuu danda'an fi nyaata dabalataa fudhachaa jirtan kamiyyuu isaanitti himuu dabalata.

Namoonni rakkoowwan kalee ykn tiruu kamiyyuu qaban, qoricha farra vaayirasii afaanin fudhatamu fudhachuun dura waa'ee rakkoo isaanii ogeessa fayyaa isaanii wajjiin haasa'uu qabu. Ogeessi fayyaa keessan waldhaansi farra vaayirasii afaanin fudhatamu keessan sirri akka ta'ee fi doozin keessan sirrii ta'u isaa

murteessuu ni danda'a. Waldhaansoni muraasni namoota rakkoowwan fayyaa muraasa qabaniif gorfamuu dhiisuu malu.

## • YOON ANI WALDHAANSA FARRA VAAYIRASII AFAANIN FUDHATAMUUF ULAAGAA GUUTUU BAADHE MAALTU TA'A?

Ogeessi fayyaa keessan isin waldhaansa farra vaayirasii afaanin fudhatamuuf ulaagaa kan hin guunne ta'uu keessan ykn isiniif sirrii kan hin taane ta'uu isaa murteessu danda'a. Kanaaf sababoonni baay'een jiraachuu danda'u. Isin ulaagaa hunda guutuu dhiisuu maltu ykn rakkoo fayyaa waldhaansota muraasaf hin mijanne qabaachuu maltu.  Filannoowwan waldhaansaa hunda caalaa isiniif gaarii ta'an Ogeessa fayyaa keessan wajjiin mari'adhaa.

Washington State Department of Health

DOH 825-029 May 2022 Oromo
Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookiin mailto:ecivil.rights@doh.wa.gov irratti Imeelii ergaa.